Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa
የኦሮሚያ ኅብረት ሥራ ባንክ

Filannoo Kaadhimamtoota Miseensota

Boordii Daayiraktarootaa (Kan fooyya'e)

1.SABABOOTA QAJEELFAMICHA FOOYYESSUUN BARBAACHISEEF

Gaheen Boordiin Daayiraktarootaa bulchiinsa gaarii ∩aankilee keessatti qabu murteessaa waan ta'eef, seeronni raawwatamiinsa qaban akkaataa filannoo Boordii, aangoo fi hojimaata isaa irratti tumaalee hedduu of keessatti qabatanii jiru. Seerota kana keessaas Qajeelfamni Bulchiinsa Gaarii Baankilee kan Baankii Biyyoolessaan bahe (lakk. SBB/71/2019) isa tokko yoo ta'u, Koree Eeruu fi Filachiiftuu miseensota Boordii hundeessuu, qajeelfama keessoo waa'ee korichaa fi filannoo miseensota Boordii tumu raggaasisuu fi akkaataa qajeelfama ragga'eetiin adeemsa eeruu fi filannoo miseensota Boordii raawwachuuf Yaa'iin Waliigalaa Idilee Baankilee aangoo kan qabu ta'uu isaa ni ibsa. Bu'uuruma kanaan Baankin keenyas **Qajeelfama Raawwii Eeruu fi Filannoo Kaadhimamtoota Miseensota Boordii Daayiraktarootaa (Kan fooyya'e)** qopheessun raggaasisee itti fayyadamaa turuun isaa ni beekama.

Haa ta'u malee, qajeelfamni kun erga ragga'ee hojiirra oolee booddee Seerri Daldalaa fi Barreeffamni Hundeeffamaa Baankii keenyaa fooyya'anii kan ragga'an waan ta'eef, fooyya'iinsi taasifame kunis qabiyyee qajeelfamichaa irratti jijjiiramoota muraasa fideera. Kanaafuu, qajeelfamicha Seera Daldalaa fi Barreeffama Hundeeffamaa Baankiii keenyaa fooyya'an waliin wal-simsiisuun fooyyessuun barbaachisaa ta'ee argameera. Haaluma kanaan, yaadota haaraa itti dabaluun barbaachisu dabaluun, carraa kanaanis qajeelfamicha irra deebin sakatta'uun keewwattoota fooyyeessuu fi gabbisuun barbaachisan irratti fooyya'iinsa barbaachisu taasisuun qajeelfamicha sanada guutuu raawwiif mijataa ta'e taasisuun kaayyoo fooyyeffama kanaa isa ijoo dha. Dabalataanis hir'inoota akkaataa barreeffamaa, yaa'insa(wal-hidhata) yaadaa, fi qabiyyeef qindoomina keewwattootaan wal qabatan irratti fooyya'iinsa barbaachisoo ta'an gochuuf yaalameera. Walumaagalatti qajeelfamicha seeraaf Barreeffama Hundeeffamaa Bankii keenyyan kan wal-sime, guutuu fi raawwiif kan mijatu taasisuun sababoota ijoo fooyyeffamni kun barbaachiseefidha.

2. FOOYYEFAMOOTA TAASIFAMAN

Gabaabumatti fooyyeffamni qajeelfamicharratti taasifame bakka lamatti bahee ilaalamuu danda'a. Kunis:
1. Yaadota haaraa qajeelfamichatti dabaluun fooyyeffama taasifamee fi
2. Keewwattoota qajeelfamichaa duraan turan irratti fooyya'iinsa taasifamee dha.
Haaluma kanaan fooyyeffamni taasifame haala armaan gadiitin gabaabinaan dhihaateera.

2.1.YAADOTA AKKA HAARATTI DABALAMAN

•**Koreen filachiiftuu miseensota Boordii:** Koreen filachiiftuu miseensots Boordii deemsa filannoo miseensota Boordii abbummaan qaama hogganu waan ta'eef, gaheen inni bulchiinsa gaarii Baankichaa mirkaneessuu keessatti qabu murteessaa dha. Kanaafuu, Yaa'iin Waliigalaa yeroo miseensota korichaa filatu, akkasumas Boordiin Baankichaa yeroo filannoo kana geggeessu murteessummaa gahee hojii fi itti gaafatamummaa korichaa kana yaada keessa galchuu kan qabu ta'uunsaa seensaa fi keewwata qajeelfamichaa waa'ee filannoo koree kanaa tumu jalatti ibsameera.

•**Walgahii mala elektiroonksiin taasifamu:** Kun jijjiiramoota Seerri Daldalaa haaraan fide keessaa kun tokko yoo ta'u, Koreen filachiiftuu Boordiis walgahiisaa mala elektironksii amansiisaa ta'een taasisuun hojii korichaa waan salphisuu fi mijataa taasisuuf yaadni kun qajeelfamichatti akka dabalamu ta'eera.

•**Hojii Raawwachiiftota Yaa'ii Waliigalaa:** Seerri Daldalaa duraanii qaamota yaa'ii geggeessan (Dura taa'aa, Barreessaa fi Sagalee lakkooftota Yaa'ichaa) ''**Waajjira Yaa'ii Waliigalaa**" jechuun walitti qabaan kan waamaa ture yoo ta'u, kuni seera fooyya'e keessatti hafaa ta'eera. Bu'uuruma kanaan Barreeffamni Hundeeffamaa Baankiis kan fooyya'e waan ta'ee fi gaheen hojii qaamolee kanaa hojii yaa'ichaa raawwachiisuu waan ta'eef, maqeessi duraan **''waajjira yaa'ii"** jedhu qajeelfamicha keessaa akka bahu ta'ee **"Hojii Raawwachiiftota Yaa'ichaa"** kan jedhuun bakka bu'eera. Eenyummaan isaanis keewwata hiikkoo jalatti ifatti akka taa'u taasifameeras.

2.2.KAN FOOYYEFFAMAN

Fooyyeffamni bal'aan qajeelfamicharratti taasifame kan kutaa kana jalatti haammatame yoo ta'u haaluma kanaan fooyyeffamoonni ijoon taasifaman armaan gaditti dhihaataniiru.

•**Seensa qajeelfamichaa:** Hir'inoota dura jiru ilaalcha keessa galchuun barbaachisummaa qajeelfamichaa, akkasumas gahee koreen filachiiftuu Boordii bulchiinsa gaarii Baankichaa keessatti qabu akkaataa haalaan ibsuunii fi akkaataa sirna barreeffama seensaa hordofeen fooyya'eera;

•**Koree Hundeessuu (Keewwata 3):** Keewwanni 3 qajeelfamichaa mata dureen isaa "Koree hundeessuu" haa jedhu malee qabiyyeen isaa garuu dhimma filannoo korees kan hammatee dha. Kanaafuu, keewwanni xixiqqaan waa'ee hundeeffama koree tuman kewt. 3 jala akka turan taasifamanii, kan hafan garuu keewwata waa'ee filannoo tumu (kewt 6) jala akka galan taasifameera.

•**Hoggansa adeemsa filannoo korichaa:** Walitti qabaan yaa'ichaa fi abbootiin aksiyoonaa sagalee ol'aanaa qaban lama filannoo koree kan hoogganan ta'uun qajeelfamicha keessatti tumamee kan ture ta'ullee, dhimmi kuni Seera Daldalaa fi Barreeffama Hundeeffamaa Baankitiin fooyya'eera. Sababuma kanaan, Hojii Raawwachiistonni Yaa'ichaa bu'uura Seera Daldalaa fi Keewwata 20ffaa Barreeffama Hundeeffamaa Baankichaan muudaman filannicha kan hoogganan ta'uu bifa ibsuun qajeelfamichi fooyya'eera.

•**Akkaataa kaadhimamtoonni miseensummaa koree sagalee wal qixa argatan itti fo'aman:** Ulaagaan kaadhimamtoonni miseensa Koree ittiin adda bahan baay'ina sagalee argataniin dha. Haa ta'u malee, tarii yoo sagaleen argatan wal-qixa ta'e, mala maaliin adda bahu kan jedhu qajeelfamicha keessatti hin kaa'amne. Kanaaf, yeroo haalli akkasii uumamu Hojii Raawwachiiftonni Yaa'ichaa waliin ta'uun sadarkaa barnootaa, muuxannoo, fi saala kaadhimamtootaa, akkasumas ulaagaalee biroo irratti waliigalan irratti hundaa'uun kaadhimamtoota kan addaan fo'an ta'uun qajeelfamicha keessa akka galu ta'eera.

•**Itti gaafatamummaa korichaa:** Keewwattoonni muraasni (fkf 6.4, 6.5, 8.1 fi 8.8) itti gaafatamummaa koreen qabu akka dirqamaatti osoo hin taane hanga danda'ame yaaluu fi haala mijeessuu qofarratti akka daanga'etti kan dhiheessan waan tureefi kunis yaadama seerichaan kan wal hin simne, akkasumas korichi itti gaafatamummaa isaa bahuurratti akka harkifatu kan taasisan waan ta'eef, akkaataa hir'ina kana maqsuun keewwattoota kanarratti fooyyeffamni taasifameera.

•**Adeemsa eeruu kaadhimamtoota miseensa Boordii (Keewwata 8):** Keewwanni kun akka malee dheeraa fi bal'aa ta'uu irraa kan ka'e dubbisanii hubachuu fi raawwachiisuf kan hin mijanne waan tureef, qabiyyeen yaadasaa osoo hin jijjiiramiin, akkaataa hubannoo fi raawwiif mijatuun keewwatoota mata duree gara garaa qaban sadii jalatti qoodamee fooyya'uun akka dhihaatu ta'eera.

•Akkaataa barreeffamaa fi yaa'insa yaadan wal-qabatee fooyyaa'insa taasifaman:

•Akkaataa taa'umsa fi galumsa keewwattootaa: Bakka muraasatti akkaataan taa'umsaa fi galumsa keewwattoota/keewwattoota xixiqqaa qajeelfamichaa qabiyyee yaada isaaniin kan wal hin simne waan ta'aniif, hir'inoota gama kanaan qajeelfamicharratti mul'atan maqsuuf fooyyeffamni barbaachisu taasifamee keewwattootni ykn keewwattootni xixiqqaan qabiyyee yaadaa wal fakkaataa qaban gar tokkotti akka dhufan; akkasumas qabiyyee yaada isaanii irratti hundaa'un iddoo sirrii ta'etti akka galan taasifameera (fkf: Kewt 6.1 fi 6.8 yaada wal fakkaatu waan qabaniif gar tokkotti dhufaniiru; kewt 8.5, 7.10, 6.7 fi 9.8 ammoo qabiyyee yaada isaanii irratti hundaa'un bakka turanirraa ka'uun keewwata yaada isaaniin wal-simu jala akka galan ta'aniiru);

•Duraa Duuba keewwattootaa: Taa'umsi duraa duuba keewwattoota tokko tokkoo akkaataa yaa'insa yaadaa isaa eeggateen fi raawwiif mijataa ta'een akka sirratuuf, tartiibni keewwattootaa fooyya'eera (fkf: tartiibni keewwattoota waa'ee koree filachiiftuu tuman 6 ta'anii, akkasumas keewwatoota xixiqqaa keewwata 9 fi 10 jala jiranii fooyya'eera);

• Akkasumas irra deddeebii jechootaa hin barbaachifne, akkaataa taa'umsaa fi ibsa himaalee, mata duree keewwatootaa fi itti fayyadama jechootaaf kkf irratti fooyya'iinsi gara garaa taasifameera.

Walumaagalatti, fooyyaa'insi kanneen ijoo ta'an olitti ibsamanii fi kanneen biroo qajeelfama keessoo kana irratti erga taasifamee booddee, qajeelfamichi **keewwattoota 23 jalatti** qoodamee qophaa'uun fooyya'ee dhihaateera. Haaluma kanaan, kabajamtoonni Abbootiin Aksiyoonaa Baankii keenyaa qabxiilee fooyya'iinsaa dhihaatan irratti mari'achuudhan yaada murtee fooyyeffamaa dhihaate kana akka raggaasiftan kabajaan isin gaafanna.

Horaa Bulaas!